## Walitti dhufeenya Fayyaalessa

### Qabxiiwwan Gurguddoo

- Walitti dhufeenyi fayyaalessa ta'e tokko  quunnamtii banamaa fi fayyaalessa qaba.
- Waliigalteen (consent) waan tokko raawwachuudhaaf walta'iinsa taasifamuu dha.
- Namni tokko akka isin miidhe yoo isinitti dhagahame ykn yoo isin sossodaachiseef, nama itti amantanii fi poolisiitti himuu.

### Walitti dhufeenyi  fayyaalessa ta'e maalii?

Walitti dhufeenyi fayyaalessa ta'e tokko quunnamtii banamaa fi fayyaalessa qaba. Miidhama qaamaa fi sammuu irraa bilisa. Quunnamtii fayyaalessa hin taane keessatti, namni tokko waa  raawwachuudhaaf miirri sodaachisuu fi dirqamsiisuu akka isinitti dhagahamu godha.

### Waliigaltee/Consent

Waliigalteen waan tokko raawwachuudhaaf walta'iinsa taasifamuu dha. Waliigaltee taasisuuf miirri dhiibbaa taasifamuu isinitti dhagahamuu hin qabu. Waliigaltee taasiftan yeroo kamitti iyyuu deebiftan fudhachuu dandeessu. Yeroo kamitti iyyuu erga isin "Lakkii" jettaniin booda ykn "Lakkii" jechuu erga dandeessaniin booda waan tokko raawwachuudhaaf yoo isin dirqamsiise, inni kun fayyaalessa miti. Gochaawwan fayyaalessa hin taane kan akka humnaan gudeeduu fi tuttuqqii hin barbaachifne ykn dhungannaa fedhiin alaa ti.

### Fayyummaa Qaamaa fi kan Sammuu

Tuttuqqaan waan tokkoo seera cabsuu ykn kan hin barbaachifne ta'a jedhamee kan hin sodaatamne yeroo ta'u qaamaan fayyummaan keessan eeagamaa ta'a. yoo namni tokko kan nama rukutu, kabalu, dhiitu, rifeensa keessan kan harkisu ta'e, kan nama darbatu, kan nama rukutu, ciniinu, ykn meeshaa lolaa kan fayyadamu ta'eef fayyummaa kan qaamaa qabaachuu dhiisuu dandeessu.
Yammuu miidhama kan jechaa ykn kan miiraa irraa bilisa taatanitti sammuun keessan fayyaalessa ta'a. Miidhaan kan inni geggeeffamu yeroo namni tokko waan miira sodaa ykn gadhee isinitti dhageessisu dubbatu ykn hojjetu dha.   Namni tokko yoo humnaan kan waa godhu ta'e, kan iyyu ta'ee fi maqaa namaa kan waamu ta'e nagummaan isinitti dhagahamuu dhiisuu danda'a. Akaakuun miidhaa muraasni waan isin gochuu dandeessan ykn gochuu hin dandeenye isinitti himuu, ykn yammuu namni tokko akka waan isin ykn ofii isaanii miidhutti sossodaachisuu dha.

## Gaafiilee Irra deddeebiidhaan Gaafataman:

### Poolisii kanaaf bilbiluun qabaa?

Eeyyee. Miidhaan kan mana keessatti geggeeffamu yakka. Poolisoonni isinii fi ijoollee keessan gara maatii keessaniitti ykn mana hiriyaatti ykn iddoo fayyaalessa kan akka mana dubartootaatti geessuu danda'u. Yoo aangawaan poolisii afaan keessan kan dubbachuu hin dandeenye ta'e, turjumaana kanneen mucaa keessan, abbaa waarraa keessan, ykn kaadhima dhiiraa keessan hin taane barbaadaa. Maaltu akka mudate kan ibsu "gabaasa balaa uumamee" guutuuf yeroo hundumaa aangawaa poolisii gaafadhaa.

### Lammii U.S. yoon ta'uu baadhe illee qajeelfama  kan eegumsaa argachuu nan danda'aa?

Eeyyee. Qajeelfama kan eegumsaa argachuudhaaf lammii ykn jiraataa seera qabeessa kan  dhaabbataa ta'e ta'uu isin hin barbaachisu. Mana murtiitti, bakka buufata dubartootaatti, waajjira tajaajila seerawaa, fi dipaartmentii poolisii muraasatti iyyata dhiheeffachuu dandeessu.

These materials have been approved by the Minnesota Center of Excellence in Newcomer Health.
Thank you to the Colorado Department of Human Services for donating this material for adaptation and translation.

CENTER OF EXCELLENCE IN NEWCOMER HEALTH MINNESOTA

**Abbaan warraa koo yoon isa dhiiseef ijoollota kiyyaa ofittan fudhadha jedhee na sodaachisaa jira. Maal godhuu?**

Yoo abbaan warraa ykn kaadhimaan dhiiraa ijoollee keessan isin duraa fudhachuuf ykn gara biyya isaatiitti isaaniin fudhachuuf kan isin sodaachisu ta'e, tarkaanfiiwwan armaan gadii fayyadamuudhaan gargaarsa argadhaa:

1. '"Qajeelfama kan guddiftuu" argachuu. Qajeelfamni kun abba warraa keessan ykn hiriyaa dhiiraa keessan akka isaan biyya U.S. keessaa fuudhanii hin baaneef daangessuu ni danda'a.
2. Viizaa ykn passportiin kan ijoollee akka hin laatamneef, garagalcha qajeelfama guddiftuu gara dipaartmentii Steeta U.S.tti ergaa. Garagalcha isaa ammoo gara embasii U.S. keessa jiruu, kan abbaa warraa ykn kan kaadhimaa dhiiraatti erguu.
3. Garagalcha qajeelfama kanaa mana barumsaa ijoollee keessaniitiif kennaa. Ijoollee keessan, isinitti qofaa malee nama biraatti akka hin kennineef hubachiisuu.

**Tarkaanfiiwwan kana keessaa tokko yoon fudhadheef biyya keessaa nan baafamaa?**

Lakkii. Hookkara mana keessaa waanta ta'e tokkoof, nama tokko yoo gabaaftaniif biyya keessaa ari'amuu hin dandeessan.

These materials have been approved by the Minnesota Center of Excellence in Newcomer Health.
Thank you to the Colorado Department of Human Services for donating this material for adaptation and translation.

CENTER OF EXCELLENCE IN NEWCOMER HEALTH MINNESOTA